Waggaa 33 ffaa..... Lak. ..........9/2017
33ኛ ዓመት........ቁጥር............9/2017
33thyear ........... No. .............9/2024

Finfinnee,..............Hagayya 22 Bara 2017
ፊንፊኔ፣................. ነሃሴ 22 ቀን 2017 ዓ.ም
Finfine,.............................August 12, 2024

# MAGALATA OROMIYAA
# መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ
# MEGELETA OROMIA



| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo ............. Qarshii 36<br>የአንዱ ዋጋ ...................... ብር 36<br>Unit Price ......................... Birr 36 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>የፖ.ሣ.ቁጥር ...............21383-1000<br>P.O.Box ...................... 21383-1000 |





| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| **Dambii Lak. 249/2016**<br>Dambii Sirna Jajjabeessituu Investimentii Seektara Fayyaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 249/2016 ...................................Fuula 1 | **ደንብ ቁጥር 249/2016**<br>የኦሮሚያ ክልል የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ማበረታቻ ሥርዓት ለመወሰን የወጣ ቁጥር 249/2016 ..................................... ገጽ 1 | **Regulation No. 249/2024**<br>Regulation Number 249/2024 Regulation to Determine the Oromia Region Health Sector Investment Incentives System .. ...................................................................Page 1 |



## Dambii Sirna Jajjabeessituu Investimentii Seektara Fayyaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 249/2016

Hojiin Seektara fayyaan hojjetamu kan mootummaan hojjetu qofaan galmaan gahuun kan hin danda'amneefi hirmaannaa abbootii qabeenyaa biyya keessaafi biyya alaa irratti hojjetanii kan gaafatu waan ta'eef haala mijataa abbootii qabeneyaa kana hawwatuufi dabarsa teeknolojiifi beekumsa keessatti shoora bahatu uumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

## የኦሮሚያ ክልል የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ማበረታቻ ሥርዓት ለመወሰን የወጣ ቁጥር 249/2016

በጤናው ሴክተር የሚሰራ ሥራ መንግስት በሚሰራው ብቻ ከግብ ማድረስ የማይቻል እና በዘርፉ ላይ የሚሰሩ የሀገር ውስጥ እና የውጭ ሀገር ባለሀብቶችን ተሳትፎ የሚጠይቅ በመሆኑ፤ እነዚህን ባለሀብቶች የሚስብ እና ለቴክኖሎጂ እና እውቀት ሽግግርም አስተዋጽዖ የሚያደርግ ምቹ ሁኔታን መፍጠር አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

## Regulation Number 249/2024 Regulation to Determine the Oromia Region Health Sector Investment Incentives System

WHEREAS, it is found imperative to create a conducive environment that attracts investors and facilitates the transfer of technology and knowledge, as the effective functioning of the health sector cannot be achieved solely through the efforts of the government and requires the involvement of both domestic and foreign investors in this sector;

Sirna Jajjabeessituu abbootii qabeenyaa hojii investimentii seektara fayyaan walqabatee naannicha keessatti gaggeessan diriirsuun uuwwisa fayyaa imaammata fayyaa sadarkaa biyyaaleessatti qabamee jiru karaa guutuu ta'een naannicha keessatti milkeessuufi tajaajila eegumsa fayyaa akka naannichaatti kennamu qulqullinniifi dandeenttiin tajaajilicha kennuu akka dabalu taasisuun waan barbaachiseef;

Jajjabeessituun seerota biyyaaleessaa bu'uureeffachuun kennaman akkuma jiranitti ta'ee sadarkaa naannichaatti gosoota, hangaafi Dameewwan jajjabeessituun abbootii qabeenyaa seektara fayyaa irratti hojjetaniif kennamuuf adda bahee seeraan tumuun barbaachisaa waan ta'eef;

Labsii Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 249/2015 Keewwata 56(1)tiin Dambiin kun bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun "Dambii Jajjabeessituu Investimentii Seektara Fayyaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 249/2016" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) "Hojii Investimentii Seektara Fayyaa" jechuun hojiiwwaan investimentii fayyaa Dambii kana Keewwata 5(1) jalatti tarreeffamaan hunda kan haammatudha.
2) "Inveestara" jechuun nama dhuunfaa yookiin dhaabbata hojii investimentii irratti seera investimentii eeggatee bobba'e ta'ee, lammii biyya keessaa yookiin biyya alaati.

በክልሉ ውስጥ ባለሀብቶች ከጤናው ሴክተር ጋር በተያያዘ ኢንቨስት እንዲያደርጉ የሚያበረታታ ስርዓት በመዘርጋት በሃገር አቀፍ ደረጃ የተያዘውን የጤና ፖሊሲ የጤና ሽፋን በክልሉ ውስጥ በተሟላ ሁኔታ ለማሳካት  እና እንደ ክልል የሚሰጠውን የጤና አገልግሎት ጥራት እና የአገልግሎት አሰጣጥ አቅም ማሳደግ በማስፈለጉ፤

የሐገር አቀፍ ሕጎችን መሠረት በማድረግ የሚሰጡ ማበረታቻዎች እንደተጠበቁ ሆኖ፣ በክልል ደረጃ በጤናው ሴክተር ለሚሰሩ ባለሀብቶች የሚሰጠውን ማበረታቻ ዓይነቶች፣ መጠንና ዘርፎች  ለይቶ በሕግ መደንገግ አስፈላጊ በመሆኑ፤

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የኢንቨስትመንት አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 249/2015 አንቀጽ 56 (1) መሠረት ይህ ደንብ ወጥቷል።

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**1. አጭር ርዕስ**

ይህ ደንብ "የኦሮሚያ ክልል የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ማበረታቻ ሥርዓት ደንብ ቁጥር 249/2016 ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።"

**2. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደምብ ውስጥ፡-

1) "የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ሥራ" በዚህ ደንብ አንቀጽ 5 (1) ሥር የተዘረዘሩትን የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት እንቅስቃሴዎችን በሙሉ የሚያጠቃልል ነው።
2) "ኢንቨስተር" ማለት የኢንቨስትመንት ሕግን በመከተል በኢንቨስትመንት ስራ ላይ የተሰማራ ግለሰብ ወይም ድርጅት ሆኖ፤ የሀገር ውስጥ ወይም የውጭ ሀገር ዜጋ ነው።

WHEREAS, it has become indispensable to establish incentive systems for investors engaged in activities related to the health sector in the Region, in order to fully attain the health coverage outlined in the national health policy and to enhance both the quality of health service provision and the capacity to deliver such services in the Region;

WHEREAS, without prejudice to the incentives provided under national laws, it is necessary to specifically provide in regional legislation the types, amount and categories of incentives available for investors operating in the health sector at the Regional level;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 56 (1) of Oromia Regional State Investment Administration Proclamation Number 249/2023, this Regulation is hereby issued.

## Part One
## General Provisions

**1. Short Title**

This Regulation may be cited as "Oromia Region Health Sector Investment Incentive System Regulation Number 249/2024"

**2. Definitions**

Unless the context requires, otherwise in this regulation:

1) "Health Sector Investment Activity" means activities which include all the health investment activities specified under Article 5 (1) of this Regulation.
2) "Investor" means private individual or organization engaged in investment activity in observance of investment law; that is a domestic or foreign national.

3) “Investimentii” jechuun baasii kaappitaalaa maallaqaan yookiin gosaan yookiin lamaaniinuu hojii investimentii haaraa tokko gaggeessuuf, dhaabbata haaraa hundeessuuf yookiin kan jiru babal’isuuf yookiin ol-guddisuuf yookiin fooyyeessuuf yookiin kan duraan ture guutummaan yookiin gartokkeen bituuf investeraan taasifamudha.
4) “Jajjabeessituu” jechuun hojii investimentii seektara fayyaa irratti Naannicha keessatti gaggeeffamu jajjabeessuuf jecha liizii yookiin taaksii irraa bu’uura Dambii kanaan gutummaatti yookiin yeroo murtaa’eef bilisa taasisuu kan haammatu ta’ee akkaataa barbaachisummaa isaatti jajjabeessituuwwaan biroo Boordii Investimentii Oromiyaatiin murtaa’u kan dabalatudha.
5) “Meeshaalee Yaalaa” jechuun meeshaa kamiyyuu dhibee namaa qorachuuf yookiin yaaluuf qaama keessaa yookiin alaa irratti faayidaa irra oolu ta’ee, meeshaalee qorannoowwan adda addaa, kan laaboraatorii, baqaqsanii yaaluu, meeshaalee yaalaa ilkaaniitiif oolaniifi kirrii madaa ittiin hodhan, siriinjii, lilmoo, faashaa, goozii, jirbiifi qophiiwwan walfakkaataa, ilkaan nam-tolchee, keemikaalota, fiilmota raadiyeeshiniifi meeshaalee walfakkaataan kan biroo ni dabalata.
6) “Mootummaa” jechuu Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
7) “Naannawa Investimentii” jechuun facaatii pirojeektoota investimentii walsimsiisuuf qoodiinsa iddoowwan hojii investimentii, galtee, gabaafi kaappitaala irratti hundaa’ee akkaataa seera rogummaa qabuutiin taasifamedha.
8) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaati.

3) “ኢንቨስትመንት” ማለት አንድ አዲስ የኢንቨስትመንት ሥራ ለማካሄድ፣አዲስ ድርጅት ለማቋቋም ወይም የነበረን ድርጅት ለማስፋፋት ወይም ለማሳደግ ወይም ለማሻሻል ወይም ቀድሞ የነበረውን ሙሉ በሙሉ ወይም በከፊል ለመግዛት ሲባል በኢንቨስተር በገንዘብ ወይም በዓይነት ወይም በሁለቱም የሚደረግ የካፒታል ወጪ ነው፡፡
4) “ማበረታቻ” ማለት በጤናው ሴክተር ላይ በክልሉ ውስጥ የሚካሄደውን የኢንቨስትመንት ሥራ ለማበረታታት ሲባል በዚህ ደንብ መሰረት ሙሉ በሙሉ ወይም ለተወሰነ ጊዜ ከሊዝ ወይም ከታክስ ነፃ ማድረግን የሚያካትት ሆኖ፣ እንደ አስፈላጊነቱ በኦሮሚያ ኢንቨስትመንት ቦርድ የሚወሰኑ ሌሎች ማበረታቻዎችንም የሚጨምር ነዉ፡፡
5) “የህክምና መሳሪያዎች” ማለት የሰውን በሽታ ለመመርመር ወይም ለማከም በውስጣዊውም ሆነ በውጫዊው አካል ክፍል ላይ ጥቅም ላይ የሚዉል ማንኛዉም መሳሪያ ሆኖ፤ የተለያዩ ምርመራዎች፣የላቦራቶሪ፣ የቀዶ ጥገና መሣሪያዎች፣ ለጥርስ ህክምና የሚዉሉ መሳሪያዎችና የቁስል መስፊያ ክር፣ ስሪንጅ ፣መርፌ፣ ፋሻ፣ጋውዝ፣ጥጥ እና መሰል ዝግጅቶች፣ ሰዉ ሰራሽ ጥርስ፣ ኬሚካሎች, የጨረር ፊልሞችና ሌሎች ተመሳሳይ ቁሳቁሶችን ያካትታል፡፡
6) “መንግስት” ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ነዉ፡፡
7) “የኢንቨስትመንት አካባቢ” ማለት የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶችን ሥርጭት ለማጣጣም ሲባል በግብዓት፣ገበያ እና በካፒታል ላይ ተመስርቶ አግባብነት ባለው ሕግ መሰረት የተደረገ የኢንቨስትመንት የስራ ቦታዎች ክፍፍል ነው፡፡
8) “ክልል” ማለት የኦሮሚያ ክልል ነው፡፡

3) “Investment” means a capital expenditure made by an investor in cash or in kind or in both to undertake a new investment activity, to establish a new organization or to expand or upgrade or to improve the existing one or to procure the previously existing one wholly or partly.
4) “Incentives” means incentive which comprises the lease or tax exemption fully or for a fixed period pursuant to this Regulation in order to encourage investment activity undertaken on the health sector in the Region; and includes other incentives to be determined by Oromia Investment Board as deemed necessary.
5) “Medical Equipment” means any equipment which is applied on the internal or external parts of the body for examining/diagnosing or treating human disease; and includes equipment of various examination, laboratory, surgical procedures, dental instruments used for dental procedures and surgical dressings for wounds, syringes, needles, bandage, gauze, threads and similar preparations, artificial tooth, chemicals, radiation films and includes other similar appliances.
6) “State” means Oromia Regional State.
7) “Investment Area” means division of the areas of investment activity in accordance with the relevant laws based on input, market and capital which is conducted to ensure fair distribution of investment projects.
8) “Region” means Oromia Region.

9) “Qoricha” jechuun dhukkuba namaa qorachuuf, wal’aanuuf, fooyyesuuf yookiin ittisuuf kan gargaaran wantoota walmakan kamiyyuu yoo ta’u qorichoota naarkotikiifi saaykootroopikii, keemikaalota piriikarsarii, qorichoota aadaa yookiin qorichoota filannoo, summiiwwan, dhiigaafi bu’aawwan dhiigaa, talaalliwwaniifi qorichoota balaqqee maddisiisan kan dabalatudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Seera birootiin addatti kan tumame akkuma egametti ta’ee, Dambiin kun hojiilee investimentii Naannicha keessatti seektara fayyaa irratti gaggeeffamaniifi qaamolee mootummaa Naannichaa hojii investimentii seektara fayyaa hojiirra oolchuu keessatti gahee qabaniifi namoota Naannicha keessatti hojii investimentii fayyaa irratti bobba’an hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama
## Hojii Investimentii Seektara Fayyaafi Gosoota Jajjabeessituu

**5. Hojii Investimentii Seektara Fayyaa Jajjabeessituun Kennamuuf**

Investerri gosoota Investimentii seektara fayyaa armaan gadii haaraa hojjechuu yookiin kan hojjetamee ture sadarkaa isaa olguddisuu irratti hirmaatu jajjabeessituu Dambii kanaan tumame kan argatan ta’a:

1) Oomisha qorichaafi meeshaalee yaalaa;

9) “መድሃኒት” ማለት የሰውን በሽታ ለመመርመር፣ ለማከም፣ ለማሻል ወይም ለመከላከል የሚረዱ ማናቸውም ንጥረ ነገሮች ውህድ ሲሆን፣የናርኮቲክ እና ሳይኮትሮፒክ መድኃኒቶችን፣ የፕሪከርሰር ኬሚካሎችን፣ የባህል ወይም አማራጭ መድኃኒቶችን፣ መርዞችን፣ የደም እና የደም ተዋጽኦዎችን፣ ክትባቶችን እና ራዲዮ አክቲቭ መድኃኒቶችን ያጠቃልላል።

**3. የፆታ አገላለፅ**

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ቃል የሴት ፆታንም ይጨምራል።

**4. የተፈጻሚነት ወሰን**

በሌሎች ሕጎች በልዩ ሁኔታ የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ይህ ደንብ በክልሉ ውስጥ በጤናው ሴክተር ላይ በሚካሄዱ የኢንቨስትመንት እንቅስቃሴዎች እና የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ስራዎችን ተግባራዊ በማድረግ ረገድ ድርሻ ባላቸዉ የክልሉ የመንግስት አካላት እና በክልሉ ውስጥ በጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ስራ ላይ በተሰማሩ ሰዎች ሁሉ ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

## ክፍል ሁለት
## የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ሥራ እና የማበረታቻ ዓይነቶች

**5. ማበረታቻ የሚሰጠዉ የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ሥራ**

በሚከተሉት አዲስ የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት አይነቶችን በመሥራት ወይም ተሰርቶ የነበረዉን ደረጃዉን በማሳደግ ላይ የሚሳተፉ ኢንቨስተሮች በዚህ ደንብ የተደነገገውን ማበረታቻ የሚያገኙ ይሆናል፦

1) በመድኃኒት እና የህክምና መሳሪያዎች ማምረት፤

9) “Medicine” means any compound of substances that help to examine or diagnose, treat, recover or prevent human diseases; and it includes; narcotic and psychotropic drugs, precursory chemicals, cultural or alternative medicines, poisons, blood and blood products, vaccines, medicines generating rays.

**3. Gender Reference**

In this Regulation, any term expressed in masculine gender shall include the feminine.

**4. Scope of Application**

Without prejudice to the specific provisions under other laws, this Regulation shall be applicable to all investment activities undertaken on the health sector in the Region and to the government organs sharing responsibility in the implementation of the health sector investment activity as well as to persons engaged in the health sector investment activities in the Region.

## Part Two
## The Health Sector Investment Activity and Types of Incentives

**5. The Health Sector Investment Activity Entitled to Incentives**

Investors who are engaged in performing the following types of new investments of health sector or upgrading the level of existing ones shall be entitled to incentives provided under this Regulation:

1) Production of pharmaceuticals and treatment equipments;

2) Meedikaal pilaazaa;
3) Hospitaala sadarkaa jalqabaa, waliigalaa yookiin kompirensivii ispeeshalayizdii;
4) Wiirtuu yaala addaa;
5) Diyaagonastikii imeejiingii ol'aanaa;
6) Diyaagonastikii laabiratoorii fayyaa ol'aanaa;
7) Buufata Fayyaa;
8) Fichisiisaafi raabsaa qorichaafi meeshaalee yaalaa;
9) Suphaa meeshaalee yaalaa;
10) Ijaarsa mana barnootaa meedikaalaafi wiirtuu leenjii fayyaa mirkaneessuu irratti bu'uureeffachuun kan hojjetamu sadarkaan isaa Biiroo Fayyaa Oromiyaan adda bahu; fi
11) Kanneen biroo Boordii investimentii Oromiyaatiin murtaa'udha.

**6. Gosoota Jajjabeessituu**

Jajjabeessituun seerota birootiin hayyamame akkuma eeggametti ta'ee, investarri hojii investimentii seektara Fayyaa irratti bobba'eefi jajjabeessituu armaan gadii ni qabaata:

1) Kaffaltii liizii yookiin kiraa lafaa irraa yeroo Dambii kana keessatti tumameef bilisa ta'u;
2) Gibira galii irraa yeroo Dambii kana keessatti tumameef bilisa ta'uu;
3) Waraqaa deeggarsaa meeshaalee alaa galan irratti qaraxa irraa bilisaan akka galuuf qaama dhimmi ilaaluuf barreeffame argachuu;
4) Lafa akkaataa Labsiifi Dambii Bulchiinsa Investimentii Naannichaatiin dorgommii malee argachuu; fi
5) Jajjabeessituuwwaan biroo qorannoo irratti hundaa'ee mana maree bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin murtaa'udha.

2) የሕክምና ፕላዛ፤
3) የመጀመሪያ ደረጃ፣ አጠቃላይ ወይም ስፔሻላይዝድ ኮምፕሬንሲቭ ሆስፒታል፤
4) የልዩ ሕክምና ማዕከል፤
5) ከፍተኛ የኢሜጂንግ ምርመራ፤
6) ከፍተኛ የጤና ላቦራቶሪ ሕክምና ምርመራ፤
7) ጤና ጣቢያ፤
8) የመድሃኒት እና የህክምና መሳሪያዎች አስመጪ እና አከፋፋይ፤
9) የህክምና መሳሪያዎች ጥገና፤
10) የህክምና ትምህርት ቤት እና የጤና ማሰልጠኛ ማዕከል ማረጋገጥ ላይ በመመስረት የሚከናወን እና ደረጃዉ በኦሮሚያ ጤና ቢሮ የሚወሰን ግንባታ ፤ እና
11) ሌሎች በኦሮሚያ ኢንቨስትመንት ቦርድ የሚወሰኑ ናቸዉ።

**6. የማበረታቻ ዓይነቶች**

በሌሎች ሕጎች የሚፈቀደዉ ማበረታቻ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ኢንቨስተር ለተሰማራበት የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ሥራ የሚከተለው ማበረታቻ ይኖረዋል፡-

1) በዚህ ደንብ ውስጥ ለተደነገገው ጊዜ ከሊዝ ክፍያ ወይም ከመሬት ኪራይ ነፃ መሆን፤
2) በዚህ ደንብ ውስጥ ለተደነገገው ጊዜ ከገቢ ግብር ነፃ መሆን፤
3) ከውጭ በሚገቡ ዕቃዎች ላይ ከቀረጥ ነፃ ለመስገባት ለሚመለከተው አካል የተጻፈ የድጋፍ ደብዳቤ ሰነድ ማግኘት፤
4) በክልሉ የኢንቨስትመንት አስተዳደር አዋጅ እና ደንብ መሰረት ያለ ውድድር መሬት ማግኘት፤ እና
5) በጥናት ላይ ተመስርቶ በክልሉ መንግስት አስተዳደር ምክር ቤት የሚወሰኑ ሌሎች ማበረታቻዎች።

2) Medical plaza;
3) First level, General or Comprehensive specialized Hospital;
4) Special treatment centers;
5) Higher imaging diagnostics;
6) Higher health laboratory diagnostics;
7) Health Stations;
8) Importer and distributer of pharmaceuticals and treatment equipment;
9) Maintenance of treatment equipments;
10) Construction of medical school and health training center to be built based on certification, the level of which shall be determined by Oromia Health Bureau; and
11) Others to be determined by Oromia Investment Board.

**6. Types of Incentives**

Without prejudice to the incentives permitted under other laws, an investor engaged in health sector investment activity shall have the following incentive:

1) Exemption from land lease or rent payments for a period provided under this Regulation;
2) Exemption from income tax for a period provided under this Regulation;
3) Acquiring a written supporting document (recommendation letter) from the concerned body for duty free entry on imported goods
4) To acquire land as per the Investment Administration Proclamation and Regulation of the Region without competition; and
5) Other incentives to be determined by the Administrative Council of the Regional State based on research.

**7. Kaffaltii Liizii yookiin Kiraa Lafaa Irraa Bilisa Ta'uu**

1) Kaffaltii Liizii yookiin kiraa lafaa irraa bilisa ta'uu bu'uura Dambii kanaatiin hojii investimentii fayyaa haaraa hojjetamuuf kennamu Naannawa investimentii irratti hundaa'uun akkaataa armaan gadiitiin ta'a:

(a) Naannawa investimentii tokkoffaa keessatti waggaa 10 (kudhaaniif);

(b) Naannawa investimentii lammaffaa keessatti waggaa 12 (kudha lamaaf);

(c) Naannawa investimentii sadaffaa keessatti waggaa 14 (kudha afuriif);

(d) Naannawa investimeentii arfaffaa keessatti waggaa 16 (kudha jahaaf) bilisa ta'u.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, inveestarri pirojektii investimentii seektara fayyaan walqabatee duraan hojii irra ture sadarkaa isaa olguddisuuf yookiin babal'isuu barbaadu lafa dabalataa argateef jajjabeessituu liizii yookiin kiraa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame kan argatu ta'a.

3) Haala addaatiin yoo murtaa'e malee, lafa akkaataa Dambii kanaatiin liizii yookiin kiraa irraa bilisaan pirojektii investimentii seektara fayyaatiif kenname tajaajila biraatiif oolchuun yookiin jijjiirraan qaama biraatti dabarsuun dhorkaadha.

**8. Kaffaltii Gibira Galii Irraa Bilisa Ta'uu**

1) Investarri pirojektii investimentii haaraa seektarri fayyaa jiru irratti hojjetu Naannawa investimentii irratti hundaa'uun hanga waggaa armaan gaditti ibsameef gibira galii irraa bilisa kan ta'u ta'a:

**7. ከሊዝ ወይም ከመሬት ኪራይ ክፍያ ነፃ ስለመሆን**

1) በዚህ ደንብ መሠረት አዲስ ለሚካሄድ የጤና ኢንቨስትመንት ሥራ ከሊዝ ወይም ከመሬት ኪራይ ክፍያ ነፃ የመሆን መብት የሚሰጠው በኢንቨስትመንት አከባቢ ላይ በመመስረት በሚከተለዉ ሁኔታ ይሆናል፡-

(ሀ) በአንደኛ የኢንቨስትመንት አካባቢ ዉስጥ ለ10 (አሥር) ዓመታት፤

(ለ) በሁለተኛ የኢንቨስትመንት አካባቢ ዉስጥ ለ12 (አሥራ ሁለት) ዓመታት፤

(ሐ) በሶስተኛ የኢንቨስትመንት አካባቢ ዉስጥ ለ 14 (አሥራ አራት) ዓመታት፤

(መ) በአራተኛ የኢንቨስትመንት አካባቢ ዉስጥ ለ16 (አሥራ ስድስት) ዓመታት ነጻ ይሆናሉ።

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የነባር የጤና ሴክተር የኢንቨስትመንት ፕሮጀክት ደረጃ ለማሻሻል ወይም ማስፋፋት የሚፈልግ ኢንቨስተር ላገኘው ተጨማሪ መሬት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገገዉን የሊዝ ወይም የኪራይ ማበረታቻ የሚያገኝ ይሆናል።

3) በልዩ ሁኔታ ካልተወሰነ በስተቀር፣በዚህ ደንብ መሠረት ለጤና ሴክተር የኢንቨስትመንት ፕሮጀክት ከሊዝ ወይም ከኪራይ ነፃ የተሰጠዉን መሬት ለሌላ አገልግሎት ማዋል ወይም በቅያሬ ለሌላ አካል ማስተላለፍ የተከለከለ ነው።

**8. ከገቢ ግብር ክፍያ ነፃ ስለመሆን**

1) ባለ የጤና ሴክተር ላይ አዲስ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክት የሚሰራ ኢንቨስተር በኢንቨስትመንት አከባቢ ላይ በመመስረት ከዚህ በታች ለተጠቀሰዉ አመት ያህል ከገቢ ግብር ክፍያ ነጻ የሚሆን ይሆናል፦

**7. Exemption from Land Lease or Rent Payment**

1) Exemption from land lease or rent payment entitled to a new health investment activity pursuant to this Regulation shall be as follows depending on the Investment Area:

(a) In the first Investment Area, for 10 (ten) years;

(b) In the second Investment Area, for 12 (twelve) years;

(c) In the third Investment Area, for 14 (fourteen) years;

(d) In the fourth Investment Area, for 16 (sixteen) years.

2) Without prejudice to the provision under Sub Article 1 of this Article, an investor wishing to upgrade the level or expand the previously existing health sector investment project shall get the lease or rent incentive provided under Sub Article 1 of this Article for the additional land he has acquired.

3) Unless specially decided, making use of the land provided for health sector investment project as per this Regulation in lease or rent exemption rights for other service or transferring same to other body through exchange is prohibited.

**8. Exemption from Payment of Income Tax**

1) An investor working on a new investment project of the health sector shall be exempted from income tax for the period of years specified below depending on the Investment Area:

(a) Naannawa investimentii tokkoffaa keessatti waggaa 5 (shan);
(b) Naannawa investimentii lammaffaa keessatti waggaa 6 (jaha);
(c) Naannawa investimentii sadaffaa keessatti waggaa 7 (torba);
(d) Naannawa investimeentii afraffaa keessatti waggaa 8 (saddeet) bilisa kan ta'an ta'u.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, investarri pirojektii investimentii seektara fayyaan walqabatee duraan hojii irra ture sadarkaa isaa olguddisuuf yookiin babal'isuu barbaadu galii dabalataa baballifannaan yookiin sadarkaa isaa olguddisuun argateef jajjabeessituu gibira galii irraa bilisa ta'uu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame kan argatu ta'a.

3) Yeroon turtii jajjabeessituun gibira irraa bilisa ta'uu bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 tiin kenname erga xumurameen booda, waggoota walitti aanan 5 (shaniif) Naannawa investimentii sadaffaafi afraffaa keessatti kanneen hojjetaniif gibira galii kaffaluu qaban irraa % 30 kan hirrifamuuf ta'a.

## 9. Jajjabeessituu Gibira Galii Argachuuf Galii Beeksisuu

1) Investarri jajjabeessituu gibira galii bu'uura Dambii kana keessatti tumameen argachuuf mirga qabu jajjabeessiticha kan argatu akkaataa seera rogummaa qabuun qaama gibira sassaabuuf aangoo qabutti galii isaa kan beeksisu yoo ta'edha.

2) Investarri pirojektii investimentii jajjabeessituun bu'uura Dambii kanaatiin hayyamameef tokkoofi isaa ol irratti hojjetu galii isaa tokkoon tokkoo pirojektichaa irratti kan dhiyeessu ta'a.

(ሀ) በአንደኛ የኢንቨስትመንት አካባቢ ዉስጥ ለ5 (አምስት) ዓመት፤
(ለ) በሁለተኛ የኢንቨስትመንት አካባቢ ዉስጥ ለ6 (ስድስት) ዓመት፤
(ሐ) በሶስተኛ የኢንቨስትመንት አካባቢ ውስጥ ለ7 (ሰባት) ዓመት፤
(መ) በአራተኛ ኢንቨስትመንት አካባቢ ውስጥ ለ8 (ስምንት) ዓመት ነጻ የሚሆኑ ይሆናል፡፡

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ስራ ላይ የነበረ የጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ፕሮጀክት ደረጃ ለማሻሻል ወይም ለማስፋፋት የሚፈልግ ኢንቨስተር በማስፋፊያዉ ወይም ማሻሻያዉ ሳቢያ ላገኘው ተጨማሪ ገቢ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገገውን ከገቢ ግብር ነፃ የመሆን ማበረታቻ የሚያገኝ ይሆናል፡፡

3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እና 2 መሰረት የተሰጠው ከግብር ነፃ የመሆን ማበረታቻ ጊዜ ከተጠናቀቀ በኋላ፣ በሦስተኛ ና አራተኛ የኢንቨስትመንት አካባቢ ውስጥ ለሚሰሩት መክፈል ከሚገባቸው የገቢ ግብር ላይ ለተከታታይ 5 (አምስት) ዓመታት 30% የሚቀነስላቸዉ ይሆናል፡፡

## 9. የገቢ ግብር ማበረታቻ ለማግኘት ገቢን ስለማሣወቅ

1) በዚህ ደንብ ዉስጥ በተደነገገው መሰረት የገቢ ግብር ማበረታቻ የማግኘት መብት ያለው ኢንቨስተር ማበረታቻውን የሚያገኘው አግባብነት ባለዉ ህግ መሠረት ገቢውን ለሚመለከተው የታክስ ባለስልጣን የሚያሳውቅ ከሆነ ነው፡፡

2) በዚህ ደንብ መሰረት ማበረታቻ የተፈቀደለት አንድ ወይም ከዚያ በላይ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክት ላይ የሚሰራ ኢንቨስተር ገቢውን በእያንዳንዱ ፕሮጀክት ላይ የሚያቀርብ ይሆናል፡፡

(a) In the first Investment Area, for 5 (Five) years;
(b) In the second Investment Area, for 6 (Six) years;
(c) In the third Investment Area, for 7 (Seven) years;
(d) In the fourth Investment Area, for 8 (Eight) years.

2) Without prejudice to the provision under Sub Article 1 of this Article, an investor wishing to upgrade the level or expand the previously existing health sector related investment project shall be entitled to income tax exemption incentive provided under Sub Article 1 of this Article for the additional income he has acquired by expansion or upgrading its level.

3) After the expiry of the period of tax exemption incentive provided as per Sub Articles 1 and 2 of this Article, those working in the third and fourth Investment Area shall be entitled to 30% deduction from their total income tax liability for 5 (Five) consecutive years.

## 9. Declaration of Income for Acquiring Income Tax Incentive

1) An investor who is entitled to the right of income tax incentive as provided in this Regulation shall declare his income to the body authorized to collect revenues in accordance with the relevant laws in order to acquire the incentive.

2) An investor working on one or more investment projects which are entitled to incentive pursuant to this Regulation shall declare his income for each of the project separately.

**10. Qaraxa Gumuruukaa Irraa Bilisa Akka Ta'uuf Deeggarsa Taasisuu**

1) Jajjabeesituuwwan qaraxa gumuruukaa irraa bilisa taasisuu aangoo mootummaa Federaalaa ta'aniifi gosa investimentii sektara fayyaaf hayyamaman akka argataniif tumsi barbaachisu kamiyyuu kan taasifamuuf ta'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti deeggarsi Naannichaan taasifamu xalayaa deeggarsaa dhimmoota armaan gadii irratti qaama Federaalaa aangoo qabuuf barreessuu kan dabalatu ta'a:

(a) Meeshaalee kaappitaalaafi ijaarsaa qaraxa gumurukaa irraa bilisaan biyya alaarraa galfachuuf;

(b) Konkolaataafi galteewwan oomisha qorichaaf oolan qaraxa gumuruukaa irraa bilisaan biyya alaarraa galfachuu; fi

(c) Jajjabeessituuwwan biroo qaama federaalaa aangoo qabuun kennamu ilaalchisee.

**11. Yeroo Jajjabeessituu Fayyadamuun Lakkaa'amuu Itti Eegalu**

1) Yeroon jajjabeessituu gibira galii irraa bilisa ta'uu itti lakkaa'amu kan eegalu investimentii haaraa yoo ta'e guyyaa oomisha jalqabe yookiin pirojektichi hojii eegalee akkasumas babal'ifannaa investimentii yoo ta'e guyyaa sadarkaa isaa olguddise irraa eegalee ta'a.

2) Yeroon jajjabeessituu kaffaltii liizii yookiin kiraa irraa bilisa ta'uu lakkaa'amuu itti eegalu guyyaa waliigaltee liizii yookiin kiraa mallatteesse irraa eegale ta'a.

**12. Fayyadamaa Jajjabeessituu Ta'uuf Ulaagaa Guutamuu Qabu**

1) Investarri bu'uura Dambii kana keessatti tumameen jajjabeessituu argachuuf mirga qabu ulaagaa armaan gadii guutuu qaba:

**10. ከጉምሩክ ቀረጥ ነፃ እንዲሆን ድጋፍ ስለማድረግ**

1) የፌደራል መንግስት ስልጣን የሆኑ ከጉምሩክ ቀረጥ ነፃ የማድረግ እና ለጤና ሴክተር ኢንቨስትመንት ዓይነት የሚፈቀዱ ማበረታቻዎችን እንዲያገኙ ማንኛውም አስፈላጊ ድጋፍ የሚደረግላቸው ይሆናል፡፡

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሠረት በክልሉ የሚሰጠው ድጋፍ በሚከተሉት ጉዳዮች ላይ ሥልጣን ላለው የፌዴራል አካል የድጋፍ ደብዳቤ መጻፍን የሚጨምር ይሆናል፦

(ሀ) የካፒታል እና የግንባታ ዕቃዎችን ከጉምሩክ ቀረጥ ነፃ ወደ ሐገር ውስጥ ለማስገባት፤

(ለ) ተሽከርካሪ እና ለመድኃኒት ምርት የሚውሉ ግብዓቶችን ከጉምሩክ ቀረጥ ነፃ ወደ ሐገር ውስጥ ለማስገባት፤ እና

(ሐ) ሥልጣን ባለው የፌዴራል አካል የሚሰጡ ሌሎች ማበረታቻዎችን በተመለከተ፡፡

**11. ማበረታቻ መጠቀምን መቁጠር ስለሚጀመርበት ጊዜ**

1) ከገቢ ግብር ነፃ የመሆን ማበረታቻ መቆጠር የሚጀምርበት ጊዜ አዲስ ኢንቨስትመንት ከሆነ ምርት ከጀመረበት ወይም ፕሮጀክቱ ስራ ከጀመረበት ቀን ጀምሮ፣ እንዲሁም የማስፋፊያ ኢንቨስትመንት ከሆነ ደረጃውን ካሳደገበት ቀን ጀምሮ ይሆናል፡፡

2) ከሊዝ ክፍያ ወይም ኪራይ ነፃ የመሆን ማበረታቻ መቆጠር የሚጀምርበት ጊዜ የሊዝ ወይም የኪራይ ውሉን ከተፈራረመበት ቀን ጀምሮ ይሆናል፡፡

**12. የማበረታቻ ተጠቃሚ ለመሆን መሟላት ስላለበት መስፈርት**

1) በዚህ ደንብ በተደነገገው መሠረት ማበረታቻ የማግኘት መብት ያለው ኢንቨስተር የሚከተለዉን መስፈርት ማሟላት አለበት፡-

**10. To cooperate for Exempting from Customs Duty**

1) Every necessary cooperation shall be extended to them to enable them acquire the customs duty exemption incentives falling under Federal Government jurisdiction and are permitted for investment types of the health sector.

2) The cooperation to be made by the Region as per Sub article 1 of this Article shall include writing letter of support(recommendation) to the competent Federal Government organ on the following issues:

(a) To import capital and construction materials from abroad free of customs duty;

(b) To import vehicles and inputs used for pharmaceuticals from abroad free from customs duty;

(c) Regarding other incentives provided by the competent organ of the Federal Government.

**11. Commencement of Period of entitlement to Income Tax Exemption**

1) The period of exemption from income tax under this regulation shall begin to run, in case of new investment, from the date that the project starts production or it commences its work, as well as for investment expansion, from the date of upgrading its level.

2) The lease or rent payment exemption incentive Period begins to run as of the date of signing the lease or rent agreement.

**12. Criteria for entitlement to incentives**

1) An investor entitled to the right of incentives as per the provisions of this Regulation shall fulfill the following criteria:

(a) Hayyama investimentii yookiin daldalaa qabu qaama aangoo qabuuf dhiyeessuu;
(b) Hojiin investimentii fayyaa irratti bobba'ee jiru kan jajjabeessituu isaaf kennisiisu ta'uu isaa qaama aangoo qabu irraa xalayaa deeggarsaa kan dhiyeesse;
(c) Ragaa Naannawa investimentii akka itti hojjetuuf hayyamni kennamuu ibsu qaama bulchiinsa investimentii aangoo qabu irraa dhiyeessu.

2) Investarri barri jajjabeessituu isaaf hayyamame xumuramee battalumatti qaama dhimmi ilaalu beeksisuu qaba.

### 13. Haala Jajjabeessituun Hafaa Itti Ta'uu Danda'u

1) Investarri hayyamni investimentiin isaa haqame jajjabeessituu akkaataa Dambii kanaatiin argate hunda kan deebisu ta'a.
2) Akkaataa jajjabeessituun investaraan fudhatamee ture itti deebi'u Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## Kutaa Sadii
## Aangoofi Hojii Qaamolee Adda Addaa

### 14. Aangoofi Hojii Biiroo Galiiwwanii Oromiyaa

1) Investaroota bu'uura Dambii kanaatiin jajjabeessituun hayyamameef yeroo Dambii kana keessatti tumame bu'uureeffachuun gibira irraa bilisa taasisa; akkuma yeroon kun xumurameen akkaataa bulchiinsa Taaksitiin gibira kan kaffalchiisu ta'a;

(ሀ) ያለውን የኢንቨስትመንት ወይም የንግድ ሥራ ፈቃድ ሥልጣን ላለው አካል ማቅረብ፤
(ለ) የተሰማራበት የጤና ኢንቨስትመንት ሥራ ማበረታቻ የሚያሰጠው መሆኑን ሥልጣን ካለው አካል የድጋፍ ደብዳቤ ማቅረብ፤
(ሐ) እንዲሰራበት ፈቃድ መስጠቱን የሚገልጽ የኢንቨስትመንት አካባቢ ማስረጃ ሥልጣን ካለው የኢንቨስትመንት አስተዳደር አካል ማቅረብ።

2) ኢንቨስተሩ የተፈቀደለት የማበረታቻ ዘመን እንደተጠናቀቀ ወዲያውኑ ለሚመለከተው አካል ማሳወቅ አለበት።

### 13. ማበረታቻ ቀሪ ሊሆን የሚችልበት ሁኔታ

1) የኢንቨስትመንት ፈቃዱ የተሰረዘበት ኢንቨስተር በዚህ ደንብ መሰረት ያገኘውን ማበረታቻ በሙሉ የሚመልስ ይሆናል።
2) በኢንቨስተሩ ተወስዶ የነበረው ማበረታቻ የሚመለስበት ሁኔታ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

## ክፍል ሦስት
## የተለያዩ አካላት ሥልጣንና ተግባር

### 14. የኦሮሚያ ገቢዎች ቢሮ ሥልጣንና ተግባር

1) በዚህ ደንብ መሰረት ማበረታቻ የተፈቀደላቸውን ኢንቨስተሮች በዚህ ደንብ ውስጥ የተደነገገውን ጊዜ መሠረት በማድረግ ከግብር ነፃ ያደርጋል፤ይህ ጊዜ እንደተጠናቀቀም በታክስ አስተዳደር መሠረት ግብር የሚያስከፍል ይሆናል፤

(a) Submitting his investment or business license to the authorized body;
(b) Producing letter of support (recommendation) from the authorized body signifying that the health investment activity he engaged in is of a kind that entitles him the right of incentive;
(c) Producing evidence describing that he has been permitted to work in the investment area from the authorized investment administration body.

2) An Investor whose period of incentive permitted is expired shall forthwith inform the concerned body.

### 13. Conditions Where Incentive Be Revoked

1) An investor whose investment license is revoked shall return all the incentives acquired in accordance with this Regulation.
2) The manner of returning the incentives acquired by the investor shall be determined by Directive to be issued.

## Part Three
## Power and Function of Various Organs

### 14. Power and Function of Oromia Revenues Bureau

1) Shall exempt the investors entitled to incentives as per this Regulation from taxes based on the period provided in this Regulation; immediately after the expiry of this period, it shall collect taxes from them in accordance with the Tax Administration;

2) Yeroon jajjabeessituu bu'uura Dambii kanaatiin hayyamameef yammuu xumuramu yookiin hayyamni investimentii yammuu addaan citu yookiin haqamu jajjabeessituu gibira irraa bilisa ta'uu kenname ture hayyamni investimentii Biiroo Investimentiifi Industiriin haqamuu isaa akkuma beekeen addan kan kutu ta'a;

3) Galmee Gibira irraa bilisa ta'uufi yeroo gibira irraa bilisa itti ta'amu kan irratti galmaa'u qopheessuun investaroota adda baasee ni qabata.

**15. Aangoofi Hojii Biiroo Lafaa Oromiyaa**

1) Investarootа bu'uura Dambii kanaatiin jajjabeessituun hayyamameef waliigaltee liizii keessatti yeroo Dambii kana keessatti tumame bu'uureeffachuun sadarkaafi naannawa investimentii irratti hundaa'uun liizii irra bilisa ni taasisa; akkuma yeroon kun xumurameen akkaataa seerota liiziifi waliigaltee liizii keessatti ibsameen liizii ni kaffalchiisa;

2) Yeroon jajjabeessituu bu'uura Dambii kanaatiin hayyamameef yammuu xumuramu yookiin hayyamni investimentii yammuu addaan citu yookiin haqamu jajjabeessituu liizii kennamee ture Biiroo Investimentiifi Industiriitiin haqamuun isaa akkuma beekeen jajjabeessituu liizii irraa bilisa taasisuu addan ni kuta.

**16. Aangoofi Hojii Biiroo Investimentiifi Industirii Oromiyaa**

1) Dhaabbilee investimentii Naannicha keessatti pirojektii fayyaa irratti bobba'anii argaman ni hordofa; ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

2) በዚህ ደንብ የተፈቀደው የማበረታቻ ጊዜ ሲጠናቀቅ ወይም የኢንቨስትመንት ፈቃዱ ሲቋረጥ ወይም ሲሰረዝ ተሰጥቶ የነበረው ከግብር ነፃ የመሆን ማበረታቻ የኢንቨስትመንት ፈቃድ በኢንቨስትመንትና ኢንዱስትሪ ቢሮ መሰረዙን እንዳወቀ ከግብር ነጻ ማድረግ ማበረታቻውን የሚያቋርጥ ይሆናል።

3) ከግብር ነፃ የመሆን እና ከግብር ነፃ የሚኮንበት ጊዜ የሚመዘገብበት መዝገብ በማዘጋጀት ኢንቨስተሮችን ለይቶ ይይዛል።

**15. የኦሮሚያ የመሬት ቢሮ ስልጣን እና ተግባር**

1) በዚህ ደንብ መሰረት ማበረታቻ የተፈቀደላቸውን ኢንቨስተሮች በሊዝ ውል ውስጥ በዚህ ደንብ ዉስጥ የተደነገገዉን ጊዜ መሰረት በማድረግ፣ ደረጃዉ እና የኢንቨስትመንት አካባቢ ላይ በመመስረት ከሊዝ ነጻ ያደርጋል፤ ይህ ጊዜ እንደተጠናቀቀ በሊዝ ህጎች እና በሊዝ ዉል ዉስጥ በተገለጸዉ መሰረት ሊዝ ያስከፍላል።

2) በዚህ ደንብ መሰረት የተፈቀደለት የማበረታቻ ጊዜ ሲጠናቀቅ ወይም የኢንቨስትመንት ፈቃዱ ሲቋረጥ ወይም ሲሰረዝ ተሰጥቶ የነበረዉ የሊዝ ማበረታቻ በኢንቨስትመንትና ኢንዱስትሪ ቢሮ መሰረዙን እንዳወቀ ከሊዝ ነጻ የማድረግ ማበረታቻን ያቋርጣል።

**16. የኢንቨስትመንት እና ኢንዱስትሪ ቢሮ ሥልጣን ና ተግባር**

1) በክልሉ ውስጥ በጤና ፕሮጀክት ላይ ተሰማርቶ የሚገኙ የኢንቨስትመንት ድርጅቶችን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የዕርምት እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤

2) Shall terminate the tax exemption incentive up on being aware of the revocation of investment license by Investment and Industry Bureau where the period of incentives allowed to them as per this Regulation expires or where the investment license is terminated or revoked.

3) By preparing a Record used for registering the tax exemption incentive and the period to be exempted from such tax, identify and maintain the investors.

**15. Power and Function of Oromia Land Bureau**

1) Shall exempt the investors entitled to incentives as per this Regulation from lease payment within the lease agreement based on the period provided in this Regulation depending on their level and investment area; immediately after the expiry of this period, shall collect leases from them as specified in the lease laws and in lease agreement;

2) Shall terminate the lease exemption incentive upon being aware of the revocation of the permitted lease incentive by Investment and Industry Bureau where the period of incentives permitted as per this Regulation expires or where investment license is terminated or revoked;

**16. Power and Function of Oromia Investment and Industry Bureau**

1) Follow up and control the investment organizations engaged in health projects in the Region; take or cause to be taken rectifying measures;

2) Naannicha keessatti lafa investimentiif pirojektii fayyaan walqabataniif oolu ragaa lafichaa gosa pirojektii inni ooluuf waliin adda baasee ni qabata;
3) Iyyata liiziifi gibira galii irraa bilisa ta'uu argachuuf dhiyaatu sirna diriire bu'uureeffachuun ni simata; ulaagaa kan guutu ta'uu isaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun adda ni baasa; kanneen ulaagaa guutan boordiif dhiyeessee murteessisuun hojiirra akka oolu ni taasisa;
4) Dhimmoonni jajjabeessituun irratti kenname akkaataa yaadameen hojiirra ooluu isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
5) Turtiin yeroo jajjabeessituu yammuu xumuramu, hayyamni investimentii yammuu addaan citu yookiin haqamu jajjabeessituun kennamee ture akka addaan citu ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu ni beeksisa; Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murta'u ta'a.

**17. Aangoofi Hojii Biiroo Fayyaa Oromiyaa**

1) Sadarkaa dhaabbilee fayyaa bu'uura Dambii kanaatiin jajjabeessituun hayyamameef of eeggannoon adda ni baasa; yeroo gaafatametti qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa.
2) Investaroota Jajjabeessituu seektara fayyaa akkaataa Dambii kanaatiin argachuu qaban Biiroo Investimentiifi Industirii waliin ta'uun adda ni baasa.

2) በክልሉ ውስጥ ለጤና ነክ ፕሮጀክት የሚውል የኢንቨስትመንት መሬት፣ ጥቅም ላይ የሚውልበትን የፕሮጀክት ዓይነት የሚያመለክት የመሬት ማስረጃ ጋር በመለየት ይይዛል፤
3) በተዘረጋው ስርዓት ላይ በመመስረት ከሊዝ ና ከገቢ ግብር ነፃ የመሆን ማመልከቻ ይቀበላል፤ መስፈርቱን የሚያሟላ መሆኑን ከሚመለከተዉ አካል ጋር በመሆን ይለያል፤ መስፈርቱን የሚያሟሉትን ለቦርድ አቅርቦ በማስወሰን ስራ ላይ እንዲዉል ያደርጋል፤
4) ማበረታቻ የተሰጠባቸዉ ጉዳዮች እንደታሰበዉ ለታለመለት አላማ መዋሉን ይቆጣጠራል፤ ጉድለት ባለበት ቦታም የዕርምት እርምጃ ይወስዳል፤እንዲወሰድ ያደርጋል፤
5) የማበረታቻ የቆይታ ጊዜ ሲጠናቀቅ፣ የኢንቨስትመንት ፈቃድ ሲቋረጥ ወይም ሲሰረዝ ተሰጥቶ የነበረዉ ማበረታቻ እንዲቋረጥ ያደርጋል፤ ለሚመለከተዉ አካል ያሳዉቃል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

**17. የኦሮሚያ ጤና ቢሮ ሥልጣንና ተግባር**

1) በዚህ ደንብ መሠረት ማበረታቻ የተፈቀደላቸውን የጤና ተቋማት ደረጃ በጥንቃቄ ይለያል፤በሚጠየቅበት ጊዜ ለሚመለከተዉ አካል ያስተላልፋል።
2) በዚህ ደንብ መሰረት የጤና ሴክተር ማበረታቻ ማግኘት የሚገባቸዉን ኢንቨስተሮች ከኢንቨስትመንትና ኢንዱስትሪ ቢሮ ጋር በመሆን ይለያል።

2) Identify and maintain evidence of land used for investment in health-related projects in the region along with the type of project for which it is used;
3) Receive application submitted in request of acquiring lease and income tax exemption incentives based on the established system; identify in collaboration with concerned body whether it meets the criteria; submit those fulfilling the criteria to the Board and cause same to be implemented after securing the decision of the Board;
4) Follow up that the matters on which the incentive is granted is implemented as intended; take or cause to be taken rectifying measures where there exist shortcomings;
5) Cause the incentive granted to be terminated where limitation period of the incentive expires, investment license is terminated or revoked; inform the concerned body. Particulars of its implementation shall be determined by Directive to be issued.

**17. Power and Function of Oromia Health Bureau**

1) Cautiously identifies the level of health institutions entitled to incentives in accordance with this Regulation; send to the concerned body up on request.
2) Identify those investors that need to be granted with incentives in accordance with this Regulation in collaboration with the Investment and Industry Bureau.

## Kutaa Afur
## Tumaalee adda addaa

**18. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

**19. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Biiroon Investimentiifi Industirii Naannichaa Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**20. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, Qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**21. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Hagayya guyyaa 6, bara 2016 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee,**
**Hagayya 6, bara 2016**

**Shimallis Abdiisaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

## ክፍል አራት
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

**18. ድጋፍ የመስጠት ግዴታ**

ማንኛውም ሰዉ ለዚህ ደንብ ተፈጻሚነት የሚፈለግበትን ድጋፍ የመስጠት ግዴታ አለበት።

**19. መመሪያ የማዉጣት ሥልጣን**

ይህን ደንብ ለማስፈጸም የክልሉ የኢንቨስትመንትና ኢንዱስትሪ ቢሮ መመሪያ ሊያወጣ ይችላል።

**20. ተፈፃሚነት የማይኖራቸው ሕጎች**

ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረን ማንኛውም ደንብ፣መመሪያ ወይም የአሰራር ልማድ በዚህ ደንብ ውስጥ በተሸፈኑት ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚነት አይኖራቸውም።

**21. ደንቡ የሚፀናበት ጊዜ**

ይህ ደንብ ከነሃሴ 6 ቀን 2016 ጀምሮ ስራ ላይ የሚዉል ይሆናል።

**ፊንፊኔ፣**
**ነሃሴ 6 ቀን 2016 ዓ.ም**

**ሽመልስ አብዲሣ**
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት**

## Part Four
## Miscellaneous Provisions

**18. Duty to Cooperate**

Any person is obliged to cooperate and provide support expected from him for the implementation of this Regulation.

**19. Power to Issue Directive**

Investment and Industry Bureau of the Region may issue Directive for the implementation of this Regulation.

**20. Inapplicable Laws**

Any Regulation, Directive or practices that are inconsistent with this Regulation shall not be applicable to matters covered under this Regulation.

**21. Effective Date**

This Regulation shall enter in to force as of 12th August, 2024.

**Finfine,**
**August 12, 2024**

**Shimelis Abdisa**
**President of Oromia National Regional State**